




Hibboo

Afaan Oromoo

Kutaa 3

Leveled






Hibboo

Afaan Oromoo

Kutaa 3

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.


For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ✂ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ✂ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- ✂ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ✂ Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gilgaala 1: Gaaffiwwan dubbisuun duraa.

1. Hibboon maali?
2. Hibboo eenyufaatu taphata? Eessatti?
3. Hibboo akkamiin taphatu?




Maalummaa Hibboo

Hibboon akaakuu afoolaa keessaa isa tokko yoo ta’u bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatudha. Taphni kun kan gaggeeffamu nama lamaafi isaa ol gidduutti. Taphni kunis afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa dhufedha.

Hibboon tapha ijoolleen yeroo boqonnaa isaanii galgala galgala iddoo ibiddaatti taphatanidha. Kunis hanga hirbaanni ga'utti ijoollee ollaa yookaan obbolaan gidduutti taphatama.

Manguddoonnis daa'imman isaanii hibboo hibbifachuun akka isaan dandeettii waa xiinxaluu horatan taasisu. Hibboon irra caalaa tapha ijoollee haajedhamu malee ga'eessonnis yeroo tokko tokko taphachuudhaan itti bashannanu.

Hibboon kalaqa hawaasaa ta'ee kan uummanni afaan, aadaa, seenaafi naannawa isaa ittiin barsiifatudha. Waanta ardiifi samii keessatti qaama miiraatiin namni hubatu jechaan hibbifatama. Kun immoo beekumsa walii galaa daa'immanii dagaagsuuf ga'ee guddaa qaba. Beekumsa kanas nannawa isaaniirraa akka eegalan taasisa. Beekumsa naannawarraa argamu kana keessa ta'anii akka yaadan, akka ittiin jiraatan jajjabeessa. Kanaafuu, hibboon daa'imman maraaf mana barnoota aadaati jechuun nidanda'ama.




Tapha Hibboo

Gaaddisaafi Kumeen barattoota kutaa sadaffaa yoo ta'an yeroo hundumaa galgala galgala hibboo taphatu. Hibboo kanas kan isaan taphatan hirbaata erga nyaatanii booda iddoo ibiddaa taa'aniiti. Hibboo kanas dabaree dabareen kan walitti hibbifatan yoo ta'u kan hibbifatu hibboo, yoo jedhu kan dhaggeeffatu immoo hibbaka jedha.

Gaaddisaafi Kumeen hibboo adda addaa dabaree dabareedhaan wal harkaa fuudhanii wal gaafatu. Yeroo hibboo wal gaafatan immoo inni hibboo gaafatame tarii deebii isaa wallaalu danda'a.

Yeroo kanas deebiin isaa maalitti akka siiqu baruuf, "Alamoo mana gala? Yookaan immoo maalitti ittuudha?" Jedhee ibsa gaafata. Gaaffileen kun waantoota jiran keessaa dhiphisee waan barbaadame san argachuu akka danda'uuf gargaara.

Inni hibboo sana gaafate immoo
“Mana yookaan ala gala” jechuun
fuulcha kennaaf. Fuulchi kun kan
kennamus gara deebiin hibboo
sanaa jiru addaan baafachuu akka
dandeessisutti. Inni gaafatames
wantoota adda addaa maqaa dha’ee
wallaalu danda’a. Yeroo kana immoo
inni hibboo gaafate “Wallaaltee
jirta waan ta’eef biyya naaf kenni,”
jedhaan. Kan hibboo gaafates
magaalota ykn biyyoota naannawa
isaatti beekaman keessaa tokko
maqaa dha’ee, “Biyya akkasii siif
kennee fudhu,” jedhaan.



Sanaan booda inni hibbifate waan hedduu jechuun erga isa abaaree booda deebii hibbichaa itti hima. Inni abaarame sun immoo ammas dabaree isaatiin hibboo deebii isaa argachuun ni cima jedhu barbaadee gaafata. Hibboo jalqaba gaafatame sana yoo inni gaafatamu argate ammas hanga inni dhabutti hibboo biraa gaafatama.

Yoo inni gaafatame deebii hibboo
sanaa dhabe ammas ni arrabsa.
Arrabsoon kunis biyyi erga irraa
fudhatamee booda akkas jedhameeti
arrabsama.

Biyya kiyya as natti gugadhu;
atimmoo fuulaan ibiddatti gubadhu.
Moonaa kiyya gorbi dii;
moonaa kee boonbiin xii haajettu.
Mana kiyya jabbii mana kee cabbii;
mana kiyya qodaa mana kee
gogaan haaguutu jedhanii abaaru.
Kana malees, foonaa kiyya fardatu
bookkisa;
foonaa kee jinniituu wal boochisa.

Yeroo jaartiin kee somba kadhattu,
jaartiin kiyya coomaan taphatti.

Wayita jaartiin kiyya bulbula
dhugdu, jaartiin kee heexoo
bulbultee dhugdi.

Sangaan fardaa hindannabsu
Gama koo urgeessaan dhaaba
gama kee xaaxessaan dhaaba


Ani urgaa'aan fiiga

Ati xaaxa'aa fiigda

kana caalaa sinarrabsu;

fardi buudaan dhiitee si

haadabarsu jechuun bakka ibiddaa
taa'anii abaaru.




Akaakuu Hibboo

Hibboon walgaafatanis abbaa deebii tokkoo, abbaa lamaa, abbaa deebii sadiifi kan isaan olii ta'uu mala. Hibboo abbaa deebii lamaafi kan deebii isaan ol ta'e qabu argachuun ulfaachuu mala. Sababni isaas taphicha keessatti deebii kaan argatanii tokko yoo dhaban akka wallaalanitti lakkaayama. Kanaafuu, ijoollonni hibboo cimaa ta'e gaafachuu fedhan hibbowwan akkanaa filatu.

Gaaddisaafi Kumeen akaakuu
hibbowwan kanaa marayyuu wal
gaafatu. Jalqaba irratti yeroo
hibboo wal gaafatan inni hibbifatu
Gaaddisaan, hibboo! jedhee eegale.
Kan hibboo gaafatamte Gaaddiseen
immoo “Hibbaka!” jechuun hibboo
gaafatamte sanaa sirriitti caqaste.
Sanaan booda, Gaaddisaan, hibboo
deebii isaa argachuuf nicimata jedhu
filatee ishee gaafate. Gaadisaan
ittuma fufee gaafachuuf sagalee
cirate Kumeenis deebisuuf qophoofte.

Gaaddisaan hibboo abbaa deebii tokkoo gaafachuuf “Kumee!” jedheen. Isheenis “OO!” jetteen “Hibboo” jedheen. “Hibbaka” jetteen. Kumee gaafate. Yoo ba’u mana ilaala; yoo galu ala ilaala” jedhee gaafate Isheenis deebiin “gaafa re’eeti” jetteen. Gaaddisaan hibboo biraa gaafate. “Aayyoo gabaabduun teessu lafaa hinkaatu; dhooftu namaa hin naatu” jedhee gaafate. Isheenis deebiin isaa “mana citaati” jetteen.



Hibboo abbaa deebii lamaa
Gaaddisaafi Kumeen wal gaafatanis
nijira. Jaarsa maratee taa'u, tuuta
itti yaa'u deebiin isaa udaaniifi tisiisa.
Yoo nyaatu bookkisa mukuu nama
baasa deebiin isaa raadiyoofi dhagaa
baatiriiti. Lukkuu gurraattii ijoolleen
jala kaatti, deebiin jabanaafi siniidha.

Hibboo abbaa deebii sadii Gaaddisaafi
Kumeen wal gaafachaa turan. Jiraa
du'aa baatu; du'aa jiraa baatu,
deebiin jiraa du'aa baatu jedhuu
farda. Du'aan jiraa baatu immoo
kooraa yoo ta'u, jiraan baatamu
nama ta'a.

“Waasadii altokko dhalatan:

Tokko yerosuma lafa lixe;

Tokko yerosuma samii lixe;

Tokko achumatti hafe”jechuun wal
gaafatan. Deebiin hibboo kanaa
fincaan, dhuufuufi udaan ta'a.

Gaaddisaafi Kumeen hibbowwan
hedduu dabaree dabareen wal
gaafatan. Hibboo abbaa deebii afurii
Gaaddisafi Kumeen wal gaafatan
muraasa isaanii akka kanaan gadiitti
ta'a.

Jarri afur natti dhufan,

Tokko “deemi,” jedha;

Tokko “seeni,” jedha;

Tokko “badi,” jedha.

Tokko “gali,” jedha;

Deebiin hibboo kanaa dukkana, ji'a,
karaafi mana.

Dhuma irratti Gaaddisaafi Kumeen
Hibboo abbaa deebii shanii wal
gaafachuun xumurani. Hibboon isaanis
akka armaan gadiitti ta'a. Waa shan
dinqii jedhan; beekii himi. Deebiin
isaas uummoo dhukkuba malee
aadu, qoree qara malee qaramtu,
bishaan Bishaan oofaa malee yaa'u,
samii utubaa malee dhabbatu, Inni
dhumaa immoo hurrii masakkaa malee
deemudha.

Gaddisaafi kanneen Hibboo akaakuu
garaa garaa kan deebiin isaanii
tokko kaasee hanga shaniitti jiru
wal fakkaatan ittiin bowaaraa irraas
baratan.

Gilgaala 2: Gaaffiwwan dubbisuun boodaa haala dubbisa dubbisteen gaaffiwwan deebisi.

1. Dubbisicha keessatti kan hibboo taphatan eenyufa'i?
2. Hibboo yoom taphatu? Maaliif?
3. Nama deebii hibboo dhabe maal jedhanii abaaru?
4. Akaakuu hibboowwanii fakkeenya kennuun ibsi.

